Hawaan kiisii koo keessa



# Fakkiilee samiikeessa

Lakk. 5

Giraazshinaa Sitaasiinikaa

Qorannoo Hawaa Paaris



Bocni waggaa 17,000 qilee Laasko Faransaayi keessa kun dirata kurfa urjiilee yeroo amma Buusan (Pilaayediis) jedhamu agarsiisa.

Naanno bara 4000tti hojjetameen kan yaadamu beeddeen (diiski) Jarmanttii argamu kun biiftuu, ji'a fi urjiilee baayyee, keessattuu kan Buusan agarsiisa.,





Boca beekamaa `Halkan urja'aa Rooni irraa' kan Aartistii Dachi guddichaa Viinseni Van Goghin hojjetame, kan namni tuuja .

Beeri Guddicha (Great Bear) irra ilaalu danda'u.



Halkan samii qulqulluu utuu ilaalte, urjiileen waan fakkii kaasan fakkaatu.


Fakkiileen kun, tuuja (constellations) jedhamu, halkan guutuu kanumaan hafu akkasumas halkan tokko irraa isa biraatti hin jijjiramani. Garuu tortiibichi guutuun ni deema: akkuma biiftuu, tuujii kallattii Bahaan ni « baha » kallattii Lixaan immoo ni « lixa ». Tortiibichi guutuun suutaan halkan tokko irra isa biraatti ni maqa garuu battala waggaasaatti bakka tokkotti deebi'ee argama.

Bara durii jalqabee waanti nama ajja'ibsiisuu hin dandeenye, sabni aadaa hunda kamiyyu xiyyeeffannoo samiif akka kennanidha, innis akka isaan bakka fi yeroodhaan of gaggeessan gargaareera.

Kuni haala Astiroonoomiin itti eegaledha.



Oli: Bara 1687 akkataa Arbagaadduun Atlaasi Samii kan Astiroonoomari Johaannis Heveeliyesi lammii Poolishin bakabuusame.



Urjiilee tuuja Arbagaadduu sararoota yaadaatin walqunnaman.



Mirga: Maappii Dunhuwaangi bal'inaan, gabatee urjii Chaayinaa kan jaarraa 7ffa , isa tuuja Arbagaadduu agarsiisu .



## Arbagaadduu: tuuja beekamaa


Bara durii qabee sabni maqaa tuujotaaf kennaniiru – hedduun belladootaan ykn waaqoliin – akkasumas fajjiiwwaan tooraa yaada kana ijaaraniiruuf.

Fakkeenyaaf, tuuja har'a Ooriyoon (Arbagaadduu) jechuun beeknu Giriikota duriin maqaa kennamedha . Seenafoolli baayyeen wa'ee Ooriyooni, waaqa miidhagaa kan jedhu himu.

Astiroonoomotni Chaayinaa durii Ooriyooniitiin akka Sheen, adamsituu ykn loltuu jabaatti beeku.

Kana dura sirritti, warri Misirii durii tuuja kana waaqa isaanii Osaarisiin walqbsiisu.


Sabni jalqaba maqaa kenne Sumeroota ture; maqichis Uru An-na, hiikkaan isa ` Ifa waaqarraa'.



Arbagaadduun hira-lixa addunyaa irraan yeroo ilaalamu, yommu inni waan conqollaate fakkaatu.
Kan itti *erbame* jiru tuuja kanaan kan walitti qabatu seenafoola saba Awustiraaliyaa tokkooti.

Jaarsi kun maqaa umama Biraazil kan ta'e tuuja walmaka Arbagaadduu fi Tuures irraa kan hojjetame dha.

(Fakkiin Muuziyeemii Amaazoni irraa)







## Arbagaadduu « Conqollaate »

Seenafoolli aadaa tokkoo isa tokko irraa baayyee adda.


Sabduroo Yolinguu Awustiraaliyaa biratti, Arbagaadduun bidiruu obbolaan sadii qabatanii qurxummii qabuuf deeman dha. Isaan keessaa tokko qurxummii dhorkamaa nyaate. Aarii kanaan, gennittiin-biiftu furursaa bishaanii dhuumtee bidiricha obbolaa sadan waliin samii keessatti baafte.

Hindoota Biraazil biratti immo seenaa baayyee addaatu himama: Tuuja jaarsaa yommu ta'u kan niitiin namicha tokkoo obboleessa isaa hawwite agarsiisa. Isheen dhirsa ishee ajjeeftee milla isaa tokko kutte. Waaqoliin isaaf gaddaani tuuja kanatti isa jijjiiran.



Sududa Lafaa kan naannoo Biiftuu. Tuuji garagaraa halkan samii keessatti waggaa guutuu mul'ata.

Sabni wallakkeessa golba-lafaa fuggisoo irratti argaman wal conqollaata ta'u, akkasumas tuuja tokkicha galagaltoo ilaalu.





# Samiin mara adda addaatti

Urjiileen halkan qofa argamu: guyyaa, ifa biiftu dhaan liqimsamu.

Adeemsa waggaa keessa, waan Lafti Biiftuutti naannoftuuf hireen samii garagaraa mara garagaraatti argama (suurfakkii fuula cina irratti argamu ilaali ).

Golgoboon garhawaa golgoboo yaadaa kan Laftii wirtuusaa ta'e urjiileen hundi irratti diriirsmanii socho'an fakkaatu dha..

Fakkaattiin karaa Biiftuu golgoboo garhawaa irraa geengoo qaxxaamura tuujota kan dhiyeenya diriira qeella'a Lafaa naannoo Biiftuu ti. Karaan kun Zoodiyaaki jedhama.



Suphee Jaarra 6ffaa kan naannessa Zoodiyaaki bakka-bu'u fayaa Girikii waliin.



Zoodiyaaki Chaayinaa, kan fayyadama ayyaanaa, zoodiyaakii Faranjii irra gonkumaa adda ta'e.



## Astiroonoomii fi Astirooloojii

Jechi zoodiyaakii baayyee-beekamaa dha sababa hooda-kallachaa wal-qunnamuufi, innis bara dhaloota kee bakka Biiftuun zoodiyaakii keessatti argamtu irratti hundaa'uun fuldurakee tilmaama jedhee yaada fakkeefatudha. Namootni kokobii barreessan Astiroolojota jedhamu, akka Astiroonoomota waliidhofnee!

Astiroonoomiin Saayinsii kan waantota qilleensa-Lafaa garasi (pilaanetoota, urjiilee, gaalaaksota) ibsuu fi hubachuu yaalu dha. Astirooloojiin Saayinsii miti. Inni bakki Biiftuu fi pilaanetootaa fi jireenya namoota waliin qunnama jedhee yaadu dha. Garuu sababni kuni dhugaa jechisiisuu qabu hin jiru. Gama faallaa kana, ragaa heedduun dogoggora kana jira.

Tuujotni yeroo hedduu Alaabaa Moototaa irratti bakka bu'u, bu'aa samiin dhala-namaaf qabu kan agarsiisu, bara ammayya kanallee.



Bara 1927 walmorkiin Alaabaa Alaaskaa filachuu godhamee ture. Moohaan Benii Bensun ture, gurbaa Alaaskaa umurii-waggaa 13. Inni kan barreesse: `Urjiin kaabaa fuuldura Mootii Alaaskaafi, inni isa fiixee gamtaa warra kaabaa keessaati. Diiperiin Biirbulgo guddichaaf— faajjessaa ciminaa'.



Alaabaa Biraazil. Urjiileen 27 bulchiinsa moototaa 27 bakka kan bu'an fi akkaataa samii Biraazil irrati argamuun kan tartiibeffame dha.




## Tuujota fi Astiroonoomii

Urjiilee kuma muraasni ija qullaatti ni mul'atu. Isaan baroota keessa, danaa (atlaasi) samii hedduu kessatti ibsa miidhagoon haala tuujota mul'isuun galmaahanii jiru.


Bara ammaa astiroonoomotni akkatti fageenya urjiilee safaran beeku. Tuuja tokkicha qofaa keessa yeroo hedduu urjiileen baay'ee kan wal irraa fagaatan fi qaamaan waltidhufeenya kan hin qabnedha. Garuu tuujota kanaaf samii keessatti beekamtii kennuun amma iyyuu fedhii keenya.

Teleskooppiitiin, urjiilee caalaa hedduu arguu dandeenya. Bara 2014, Odoola Kaanaarii irratti Teleskooppii Yisahaaq Niwutooni fayyadamuun, Astroonoomotni galmee urjiilee miliyoona 219 raabsaniiru.


# Tuujota beekamoo muraasa




Lakkuwaan



Leencicha



Qaanjibuu



Siwaan

Lakkuwaan, Ugguma Uumaa koppii Parshiyaa bara 1537 keessaa, naannoo 1250 al-Qaazwiin kan barreeffame.





Leencicha, Yuranomi-triya Astiroonoomari Jarman Yohaan Baayer (1603) keessatti

Iskoorpiyoo, naannoo 1330 waliigaltee darbaabotaa kessatti Andaalo Nigirootiin.






Siwaan, Daanaa garhawa kan Astiroonoomari Ingilizii Joon Filaamistiidi (1729) keessatti.

# Hawaan kiisii koo keessa Lakk. 5

Kitaabni bexxelleen kun bara 2015 Giraazshinaa Sitaasiinikaa bakka Buufata Qorannoo Hawaa Paaris (Faransaayi) irraa kan barreeffame fi keeddeebiin Istaan Kuritzi kan Inistitutii Reediyoo Astiroonoomii UNAM (Moreeliyaa, Meeksikoo) tiin hojjetame dha.

Fakkiin fulhaguuggi « Iimiyu samii keessa" bakka bu'a, tuuja aadaa sabduroo Awustiraalota hedduu keessa kan jiru. Inni urjootaan kan ibsame miti garuu xoxolba dukkana dugduubbee Miilkii-Waayii irraan mul'atuun kan ibsame.

Waa'ee walfaannee kana fi waa'ee mataduree kitaaba-bexxellee kana keessatti dhiyaatan caalaatti baruudhaaf, http://www.tuimp.org daawwadhaa.

Hiikkaa: Toluu Biresaa

TUIMP Creative Commons